



Yaada Cuunfaa

**Itoophiyaa Keessatti Miidhaalee
Tekinoologiin deggeramuudhaan
Koorniyaa Irratti Xiyyeefatan Ilaalchisee
Qorannoo Geggeefame**

Senter foor Infoormeeshin Reziili'eens

Bitootessa 2024

Seensa

Interneetiin, keessattuu marsariitiwwan hawaasaa dhimmoota dhuunfaatii fi kan hawaasummaa irratti wal-marii babal'aa fi ijaaroo ta'an taasisuuf akkuma carraa banan, dhimmoota yaaddoo ta'anis qabatanii as bahaa jiraachuun barameera. Intarneetiin oddeeffannoo daddabarsuuf, walitti dhufeenya hawwaasummaa jabeessuuf, hojilee dadammaqina hawaasaa fi hojii sosochii siyaasaa geggeessuuf karaa filatamaa ta'us; dirree miidhaaleen koorniyaa kan teekinoooloijiin deggeramanii (Technology Facilitated Gender-based Violence (TFGBV) fi gochooti loogii irratti aggaamaman ta'aa dhufuun isaanis hubatamaa dhufeera. Nageenya oonlaayinii dubartootaa fi shamarran saafela ta'anii sirnaan tiksuu fi jirenya hawaasummaa keessatti hirmaannaa ga'aa ta'e qabaachuudhaan ga'ee ofii akka batanaiif jajjabeessuudhaaf miidhaalee teekinoooloijiin deggeramanii koorniyaa irratti xiyyeffatan qolachuu feesisa.

Kanarraa ka'uudhaan kaayyoleen pirojektii kanaa kanneen armaan gadiiti;

- Itoophiyaa keessatti dhimmoota miidhaalee teekinoojiidhaan deggeremuun koorniyaa irratti xiyyeffatan ragaalee qorannootiin deggeranii dhiheessuu,
- Dhaabileen mootummaa, dhaabileen hawaasa siivilii, kaampaanonni miidiyaalee hawwaasaa garaa garaa hoggananii fi walii galatti hawaasni bal'aan miidhaalee kanneen irratti hubannoo fooya'aa ta'e akka qabaatan gochuuf,
- Dhaabbileen sivilii fi dhaabbileen mootummaa Itoophiyaa keessa jiran rakkinicha furuudhaaf yaada furmaataa qoranichi akeku akka galteetti fayyadamuudhaan hojiirra akka oolchaniif.

Qorannoo Senter foor Infoormeeshin Resiili'eens dhimma miidhaalee teekinoologiin deggeramanii koorniyaa irratti xiyyeffatan irratti geggesse, kan marii qaamolee hawaasaa gara garaa fi waltajiilee woorkshooppii walitti-fufiinsaan magaalaa Finfinee keessatti adeemsifaman gara garaa of keessatti hammateen taasiseen, Itoophiyaa keesssatti miidhaan teekinooliojiin deggerame kan koorniyaa irratti xiyyeffate dubartootaa fi shamarran saafela ta'an irratti akka aggaamamu mirkanoeffatee jira. Wayita waltajiilee marii kana qindeessettis, hirmaattota waliin marii taasiseen Itoophiyaa keessatti aggaammiiwwan saala bu'ureeffatan gama marsitii hawaasaatiin dubartootaa fi shamarran saafela ta'an irratti sadarkaa olaanaa jedhamuun dandaa'amuun raawwatamaa jiraachuu hirmaattotni yaada dhiheessaniin irratti waliigaluu hubateera. Aggaammiiwwaan saala bu'ureeffatan kunneen keessaa kan akka haasaa jibbiinsaa, gochoota haaloo bahumsaa kan suur-sagalee wal-quunnamtii saalaa qooduun raawaatuu fi tuqaatiin saalaa biroon ni argamu. Akka hirmaattoni marii kanneenii kaasanitti yaadota furmaata rakkoo kanaa irra ga'uudhaaf miidhaalee kanneen ilaachisee hanqinni ragaalee akka jiru ni dubbatu. Kaayyoon qorannoo kanaas hanqina kana guutuudhaafi.

Teekinooloojiidhaan Deggeramee Miidhaa koorniyaa irratti Aggaamamu Qorachuun maaliif Barbaachise?

Haleellawan gama intarneetiitiin saala irratti qiyyaafatan kenneen haala gocha miidhaa saalaa kan qabatamaan lafarratti mul'atuu yeroo hammeessan ni mul'atu. Dubartootni marsariitii hawaasaa irratti nageenyummaan yoo itti hin dhagaa'amu ta'e; lafarratti hirmaannaan isaan hawaasa keessatti qaban guutuu akka hin taaneef shora hiikkaa qabu akka isaan hawaasa isaanii keessatti hin taphanneef gufuu itti ta'u mala. Gochi qoqqobbii akkasii kun dhiibbaalee hamoo ta'an kanneen biroo qaqqabsiisuu ni mala. Akka fakkeenyatta, dubartoonni dhimmoota murteessoo ta'anii fi adeemsa jjaarsa diimookiraasi keessatti bakka-bu'umsa isaan qaban xiqqeessuu, akkasumas hirmaanna Isaanii daangessuu danda'a.

Miidhaaleen kenneen ilaalchota boodatti hafoo, seenessoota sobaa fi ilaalchota dhugeeffanna (amantaa) dogongoraa ta'an fa'i. Qabiyyeewanisaaniis yaada qoqqobbii, loogii akkasumas gaalchaa fi jechoota ilaalcha tuffii mul'isan yeroo ta'an; ilaalchota micciiramoo kan akka seenaa, amantaa, siyaasaa fi aadaa irraa maddan bu'ureeffachuun ta'u danda'a. Ilaalchonnii fi yaadonni dhugeeffanna(amantaa) micciiramoo ta'an kenneen baay'inaan kan mul'atan karaa al-kallattii ta'een, bifa "maal nadhibdeetiin", utuu itti hin yaadinii akkasumas hanqina hubanna irraan kan maddan; halellaa fi aggaammiwan saala raawwatamaniif daandii saaqu. Haallonni qabatamoon kun ol guddachuudhaan gara reebichaatti hidhaatti, sirumayyuu gara sadarkaa miidhaa saala fi qaamatti guddachuu isaaniitiin dura jechoota kanneen akka arrabsoo fi tuttuqaa, akkasumas doorsisaatiif karaa banu. Aggaamiwan kenneen gara sadarkaa olaanaatti yeroo ol guddatan miidhaalee qaamaa fi qorqalbii hammaataa fi waaraa ta'e miidhamtoota irraan ga'anii darbu. Dabalataanis dubartoonni hirmaannaalee hawaasummaa irraa akka qoqqobaman taasisuudhaan qaamoleen murtii kennan murtiilee ragaa odeeffannoo bu'ureeffatan akka hin dabarsineef danqaraa uuma. Kenniinsa tajaajila hawaasaa keessattis ilaalchonni yaada daneessaa hammate jiraachuu dhiisuun qaamoleen bulchiinsaa akka hawaasa duratti amantaa dhaban taasisuu ni danda'a. Waan ta'eefis rakkoo kanaaf furmaatota imaammataa bocuudhaaf akaakuu halellawan saala fi dirreewanisaan fardeeffatan qorachuu fi qo'achuun barbaachisaadha.




Figure 1: Diagram to demonstrate the cycle of marginalisation within which TFGBV contributes.
Diagram made by CIR.

Qorannoон kun Kutaalee Lama Qaba

1. **Qorannoон inni jalqabaa mata duree “Callisiisuu, Qaanessuu fi Sodaachisuu: Itoophiyaa keessatti hirmaannaa hawaasummaa gama marsariitiini godhamu keessatti miidhaalee dubartootaa fi shamarran saafellan irra ga'an” (Silenced, Shamed and Threatened: the online abuse of women and girls who participate in Ethiopian public life)**

Itoophiyaa keessatti dubartoornis ta'e dhiironni aggaammii miidhaalee oonlaayiniitiif saaxilamoo ta'uun isaanii shakkii hin qabu. Kanarrraa ka'uudhaan CIR dhibbaaleen sababa aggaammii gama oonlaayiniitiin qaqqaban maal akka fakkaatanii fi mudannoo namoota miidhaaleen kun irra ga'anii qorachuudhaaf qo'annoo kana taasiseera. Qo'annoo kanaafis dhimma kana irratti qorannoowwan kanaan dura hojjetamanii fi sandoota adda addaa qorateera. Dabalataanis, Sabaa-himaalee, dhaabbilee hawaasa siivilii fi dhaabbilee siivili sarvisii garaa garaa keessatti qooda guddaa kan qabanii fi miidhaalee aggaammii oonlaayiniitiif saaxilamanii kan turan dubartoota 14 waliin af-gaaffii taasiseera.

Yaadota bu'uraa fi gaaffileen qorannichi deebisuuf abbalu:

- **Qabiyyee fi hamma:** Gosa qabiyyee miidhaalee oonlaayiniiakkamiitu baay'inaan mul'ata?miidha-qaqqabsiistaotaunneeniseennessonni addata'anifi fardeeffataman ni jiruu?miidhaalee fi aggaammileenkunneen Itoophiyaa keessatti hagam babl'atnii jiru?marroon(irra deddeebi) argama isaaniis maal fakkaata?
- **Bakka/Dirreewan:** Dirrewwan marsariiti hawaasaa/fuul-barruuleekamfa'i irratti miidhaaleen/tuttuqaaleenkunneen aggaamamu? Miidhaaleenkunneen dirreewan marsariiti hawaasaa hundaaf banaata'an(fuula twiitarii, maxxansootapeejii Feesbuukii fi kkf) gubbatti moo kallatiidhaangama daddabarsa ergaa gabaabaa(waatsaappi,meesenjerii, telegiraamii)tiin aggaamamu?
- **Kaayyoo/ galii:** qaamonni ykn namoonni miidhaakana qaqqabsiisan kaayyoo maalii galmaan ga'uuf/maal yaada keessa galchuudhaan aggaammii kana raawwatu? Miidhaaleekana duuba qaamoleen miidhaakana tumsan birooni jiruu?
- **Dhiibbaalee ykn gaaga'ama:** Haleellawan kanaan kan xiyyeefataman hojii ykn oogummaanamoota dhuunfaa, iccitii dhuunfaajirenya namootaa fi kan maatiiisaanii irratti gaaga'amniisaan geessisan maal fakkaatu? Sososochiiguyya-guyyaanraawwatanii fi jirenya dhuunfaa isaanii irratti dhiibbaan inni qaqqabsiise jiraa?

Akka yaada deebii hirmaattota af-gaaffii kana keessatti qoodafudhataniitti qabiyyeen, kaayyoonii fi dhiibbaan miidhaakanaakoorniayaaggaammiinkunirrattixiyyeefatun garagartummaaqabadeebiijedhukennaniiru.caalmaattidubartootaa fi shamarran saafellanirrattihaleellaan aggaamamanakoorniayairrattikanxiyyeefatan ta'uudhaangahee saala sanaairrattiqiyyafachuu, eenyummaisaanii xiqqeessuuirrattikanfuuleffatanifi aggaammiwwanqabiyyeyayaadaasafuu cabsanofkeessaaqabaniinakka ta'e deebileeaf-gaaffilee kanaafkennaniinyaadaisaaniiqoodaniiru.

Fallaa kanaatiin aggaammiindhirota irragahan bayyeenisaanii ibsa yaadotaxiyyeefannoohaleellaaSanaaqaban, ilaaachota yookanisejjennosiyaasaa irrattiaakkaxiyyeefatanibsaniji. Akkarargannowwan kanaattisItoophiyaattifaddunyaa intarneetiikeessattihariiroon hawaasummaaqajeelaa hin taane kan mul'atu yeroota'u, qabiyyeen miidhaaleedubartoota irrattaggedamamanikunneendubartoonnifi shamarran saafellangaheeisaakeessattiqabaniin, sabummaisaanii, ilaalchasiyaasaaqabaniin, gocha haraamumma(gochaquunnamtii saala wal fakkaata)fi amantaaisaaniiinikanwalqabateeirrattikanxiyyeefate ta'uugarsisa.

Dubartoonni af-gaaffiisaanii godhameakkaibsanittihalleellaa/tuttuqaanintarneetigubbaattiisaanirragahuirraankanka'marsariiti hawaasaa gubbaattista'e hirmaannaajirenya hawaasummaainterneetiidhaanalattigeeggeefamu keessatti hirmaannaqqabanakka dhaabanifi callisuuakka filataniifdirqisiifamudubbataniji. Hirmaannaadubartootnooonlaayiniiirrattiqabanguddisudhaafdirreeoonlaayinii nageenyiisaaeegameuumuunbarbaachisaaakka ta'eqorannounkakeekeejira. Furmaatawaaraafi bu'aaqabeessa ta'e fiduudhaafakkasumas haleellawanoonlaayiniihaalabarbaachisuunqolachuudhaaf tarsiimoguddaan hordofamuuqaburakinicha bu'urarraagogsuudhaaf, fakkeenyaafkoorniaya dhaan walqabateeilaalchotamicciiramoo ta'anqajeelchuudhaanologii saala bu'ureeffateittisuu fi hirmaannaandubartootaa

dirrewwan hawaasummaa hundumaa gubbaatti akka dabalu gochuu akka ta'e bu'aaa qorannoo kana ani mul'isa.

2. **Kutaa Lammafaan Qorannoo kanaa mata duree “baratamaa fi dhokataa: Itoophiyaatti xiinxala haasaa jibbiinsaa saala xiyyeffatee miidiyaa hawaasaa irratti geggeefamu”** (“Normalized and Invisible”: An analysis of gendered hate speech on social media in Ethiopia) jedhuun yeroo ta'u

Kutaan kun qorannoo isa marroo jalqabaa irratti kan hundaa'eefii bu'aa qorannoo marsaan duraa akeeku bifa tumsuun kan geggeefamedha. Kutaan kun gadi fageenyaan kan xiyyeffatte Itoophiyaa keessatti teekinoolojiidhaan deggeramuudhaan haasaa jibbiinsaa saala bu'reeefatan irratti yoo ta'u direwwan marsariitii hawaasaa sadan(Feesbuukii, Teelegiraamii fi X) irratti qabiyyewan qoodaman qoratee jira. Qo'annoosu isuun duraatiin addatti kutaan kun saalaan alatti sababoota dachaa ta'an irratti hundaa'uudhaan haasaa jibbiinsaa namoota dhuunfaa irrati aggaamaman irratti xiyyeffateera. (Kana jechuunis dubartin tokko sababa saala isheetiif qofa xiyyefannaaggaamii taatee utuu jirtuuu dabalataan eenyumaa seeraan tikfamoo ta'an jechuunis kan akka miidhama qaamaa, sabummaa fi amantii irratti hundaa'uu dhaan yeroo isheen haasaa jibbiinsaatiif saaxialmtu jechuudha).

Qo'annoosu isuun kanaaf akka ta'utti jechoonni haasaa jibbiinsaa ibsan 2058 ta'an afaanota afur(Afaan Amaaraa, Afaan Oromoo, Afaan Tigiree fi Afaan Ingilizii) irraa saampili dhaaf walitti qabamanii jiru. Jechoota kana adda baasuuf CIR waltajjilee marii walitti fufiinsaan Finfinnee keessatti adeemsisaa tureera. Jechoonni kunneenis akka raga odeeffannootti waraqaa qorannoo kana waliin dhiyaatanii jiru. Xiinxalli ragaa odeeffannoottsa saampiloota kanaa wayita hojjetamutti qabiyyeen miidiyaalee hawaasaa (maxxansoota fuul-barruu) kunneen ramaddii sadiitti jalatti qoodamuun adda baafamaniiru. Ramaddiwwan kunneenis kaayyoo qabiyyee haasaa jibbiinsaa sanaa, akaakuu qabiyyee(arrabsoo, doorsisa, ibsa koorniyaa amaloota murtaa'oo waliiin wal qabsiisuun ykn yaada walqixsummaa saalaa hin kabjaneen) fi haala argama qabiyyeelee sanaa(dheekkamsiisaa, bifa tuffii agarsiisuun ykn salphisaa, yookaan bifa itti qoosuutiin/itti munaaguutiin kan mul'atan ta'u.

Gaaffilee Qorannichi Deebisuuf Abbalu

- **Bifa qabiyyee** (akaakuu fi miira isaa): Haasaa jibbiinsaa koorniyaa irratti xiyyeffatan kanneen akkamiitu baay'inaan argama? Haasaa jibbiinsaa kunneen hiika akkamiitu of duubaan qabuu? Saala tokko irraa gara birootti garaa garummaa qabuu?
- **Walitti dhufeennya:** haasaan jibbiinsaa saalaa irratti xiyyeffate haasaa jibbiinsaa eenyummoota tikfamoo kan akka sabummaa fi amantii irratti xiyyeffatan waliiin yeroo taasifamu garaa garummaa akkamii qabaata?
- **Bakka/Argama:** haasaan jibbiinsaa saala irratti xifyeffate kun dirrewwan(fuula) miidiyaalee hawaasaa garaa garaa gidduutti addaa addummaa qabaa?

Qorannowwan lameen kenneen dubartootaa fi shamarran saafellan ga'eessota dhiira ta'anii fi saafellan dhiiraa caalaa haleellaan gama oonlaayiniitii fi haasaan jibbiinsaa akka isaan irra gahu adda baasanii jiru. Akka xiinxalli qabiyee midiyaalee hawaasaa qoranno kana mul'isutti dubartoonnii fi shamrran saafellan, dhiirota ga'eessa ta'anii fi saafellan dhiira ta'an, caalaa haasaa jibbiinsaa guddaa ta'e, kan akka ilaachota tuffii saalaa mul'isanii fi dubbii kachachalaa ykn agiboo akkasumas haasaa jibbiinsaa miira balaafamaa of keessaa qabu xiqqaa ta'e ni keessumsiisu. Dabalataanis, wayita eenyummaan tikfamoo ta'an biroon aggaamamanitti saalaan dhalaa ta'uun immoo toora interneetii gubbaatti miidhaalee dachaa ta'an kan biroof saaxilamaadha. Fakkeenyaaaf dubartoonnii fi shamarran saafela ta'an akkasumas kanneen haraamuu(homosexual) ta'an(arrabsoo keessumsiisuun), dubartootaa fi shammaran kanneen sababii sababa saala isaaniitiif qofa aggaamiin isaanirratti raawwatu caalaaa doorsisaa fi aggaammiiwwan sadarkaa rifaasisoo ta'an isaan mudata.

Qoranno kun dubartoonnii fi shamarran saafela ta'an eenyummoota tikfamoo ta'an kan biro caalaa haasaa jibbiinsaa keessumsiisuun isaanii adda baafatee jira. Dubartoonnii fi shamarran carraan miidhaan gadaantummaa saalaa agarsiisu, kan loogii yookaan qooddaa koorniyaa akeeku ykn haasaan jibbiinsaa bifaa itti qoosuutiin/agiboon raawwatu haasaa jibbiinsaa kan sabummaa fi amantaa irratti fuuleffate caalaa akka isaan mudatu ta'ee bifaa/miira isaatiin yoo ilaalamu sadarkaan rifaasisummaa isaa kan warra dhiiraarra ga'uun gadi. Itti dabalees, haall qabatamaan taatee lafarrar jiruu waliin dubbii fi haasaa jibbiinsaa toora oonlaayinii gubbaa jiru akka fanfansu hubatamee jira. Kunis wayita ragaan odeeffannoo kqorannichaa walitti qabamutti, naannolee Itoophiyaa keessatti, haala wal dhabdee siyaasaa qabatamaa lafarrar jiru yaada keessa galchuudhaan miidhaaleen dubartootaa fi shammaran saafela ta'an kan saba Amaara fi Saba Oromoo ta'an irratti aggaamamu kanneen saba biro ta'an caalaa miidhaaleen haasaa jibbiinsaa dachaa (kan saala irratti xiyyeefatanitti dabalee) ta'an akka isaan quunnamu hubatamee jira. Haasaan jibbiinsaa sababa taatee siyaasaa lafa jiruun sanaaf deebii kennuuf uumamuu fi qabiyee isaani dubbii laallessaa ta'e of keessaa qaban kanneen haasaa jibbiinsaa koorniyaa irratti xiyyeefatan caalaa ni mul'atu.

Mariileen marsaa minjaalaa fi waltajjilee woorkishooppii akka mul'sanitti bifoonni haasaa jibbiinsaa teekinooloijiidhaan deggeramuun miidhaan koorniyaa irratti aggaaman yeroo baayyee garmalee hubatamuudhaan akka inni xiyyeefannoo hin arganne taasisee jira. Itti dabalees haasaan jibbiinsa bifoota kan akka loogii saalaa, arrabsoo, jechoota tuffii, yookaan haasaan jibbiinsaa gandaantummaa saala dubartootaa fi shamarran saafela ta'anii mul'isanii kanneen haasaa jibbiinsaa miira rifaasisoo qaban ykn yaaddessoo ta'anii gaditti ilaalamu. Kanaafuu Itoophiyaa keessatti qabiyee haasaa jibbiinsaa fi gaaga'ama inni qaburrtti barnoonni fooyya'aa ta'e kennamuu feesisa. Miidhaan saala irratti xiyyeefate, bifaa saala qoqqobuun ykn ilaalcha saala addaan fo'een gadaantummaa saalaa haala akeekuun txiyyeefannoo akka dhabetti itti fufee jira. Hirmaattonni waltajji marii akka jedhanitti miidhaan koorniyaa bu'ureeffate hawaasicha keessatti baratamuu irra darbee sadarkaa akka waan hin jirreetti ilaalamuurra gahee jira.

Yaada Furmaataa

Tumsa qorannoo kanaatiifis, CIR Itoophiyaa keessaa qaamolee dhimmi ilaalu waliin hojjechuudhaan baruu yaadolee furmaataa hawaasa hirmaachisan imaammataaf galtee akka ta'utti qopheesseera. Haasaan jibbiinsaa qaama yookaan kaayyoo irratti xiyyeffate irratti hundaa'uudhaan garaa garummaa akka qabu qorannoon kun ni ibsa. Garaa garummaa kanneen hubachuun nageenya dubartootaa fi shamarran saafela ta'anii oonlaayinii irratti tiksuumfurmaata ka'umsa yaada imaammataa kenuuf ni fayyada. Bu'aaleen qorannoo kanaa dhaabbileen mootummaa murtoo imaammataa keessatti akka yaada galteetti akka fayyadaman hubachiisuu, kaampaaniwwan miidiyaalee hawaasaa garaa garaas qaamoleen hojji to'annoo qabiyyee miidiyaalee hawaasaatiif yaalii godhan keessatti akka itti fayyadaman akeekaa, dhaabbileen hawaasa siivilii garaa garaas hojiwwan hawaasa dammaqsuu(Advocacy) hojjetan keessatti dhimma itti ba'uu fi hawaasni ballaanis furmaata rakkoo kanaatiif dhiibba akka godhan CIR abdi qaba.

Koonfiraansii Teekinoolojiin Deggeramuudhaan Miidhaalee Koorniyaa Aggaaman (TFGBV), Mata Duree TBC.

9 Caamsaa 2024 – Finfinnee

Koonfiraansii namoota dhuunfaa fi dhaabbilee dhimma mirga dubartootaa tiksuu irratti gama oonlaayiniis ta'e lafarratti hojjetan walitti fiduuf qophaa'e. Kunis kanneen nageenya oonlaayinii irratti hojjetan, kanneen dhimma miidhaa haleellaa koorniyaa tekinooloogiidaan deggaeramee aggaamamu fi haasaa jibbiinsaa qolachuu irratti hojjetan, yookaan kanneen imaammata bocuuf abbalan kan hammatuudha. konfiraansichi waltajjii bu'aan qorannoo CIR dhimma TFGBV irratti geggeessaa ture kan ittiin ifatti ibsamu ta'ee, mariin haayyota dhimma kana iraatti ga'ee qaban waliin ni geggeefama, hojiin duula hawaasa dammaqsuu kan dhaabbata "Itoophiyaan Hiyuman Raayits Diffeender Senter" jedhamuun durfamuu fi sagantaan eegzibiishiniin ni geggeefama. Kaayyoon sagantaa egziibishinii kanaas dhimmoota akka mirga dubartootaa, miidhaalee saala xiyyeffachuun teekinoolojiin deggeramanii dubartoota fi shamarran irratti aggaamaman fi haasaa jibbiinsaa gama miidiyaalee hawaasaatiin facaa'an irratti hubannoo hawaasaa gabbisuuf, akkasumas agarsiisni muuxannoo hojji dhaabbilee Itoophiyaa keessa jiraniin haga yoonaatti hojjetamaniii ni dhiyaatu.

Sagantaa kanaanis, CIR fi michoonni isaa abdi jijiirama fiduu akka biqilchan, harka walqabachuudhaan dhimmi TFGBV xiyyeffannoo akka argatu gochuudhaaf abdi guutuu qabu.

